



DAATAA KEESSAN MIRGA KEESSAN

Kuusan nyaataa kun adeemsaa fudhannaas isaa hojjechuuf gara sirna elektirooniksitti jijiiramaa jira. Kana jechuun odeeaffannoonaan kanaan dura waraqaa irratti walitti qabamaa ture hundi amma karaa elektirooniksii ni sassaaba. Kun mana nyaataa kanaaf, baankii nyaatatiif, akkasumas hunda caalaa isiniif jijiirama guddaadha! Gaaffii tokko tokko qabaachuu akka dandeessan ni hubanna, armaan gaditti isiniif deebisuuf yaallee jirra. Yoo caalatti beekuu barbaaddan, hojjettoota kuusaa nyaataa naannoo keessanii jiran waliin akka haasoftan jajjabeeffamtu.

JIJJIIRAMNI MAALIF?

Baankin Nyaataa Naannoo Kaappitaalaan adeemsaa fudhannaas ammayyeessuuf mana nyaataa biyya keessaa kana waliin ta'uun gammachuu guddaadha. Adeemsaa haaraa kana irratti hirmaachuu fi gaaffilee muraasa deebisuudhaan, yeroo eegumsaa daawwannaa deebii kuusaa nyaataa kanaa hir'isuu fi akkaataa hawaasa keessan itti tajaajillu irratti murtoo qaroo ta'e akka goonu nu gargaartu.

KANAAF SIRNI HAARICHI MAALI?

Sirni kun Hubannoowwan Tajaajilaa (Service Insights) jedhama. Meeshaa odeeaffannoos elektirooniksii kuusaalen nyaataa odeeaffannoos ulaagaalee gabaasaa kamiyyuu guutaa, waa'ee hawaasa tajaajilanii akka too'atan salphaa taasisuudha.

ODEEFFANNOO KOO KENNUUN DIRQAMAA?

Lakki, garuu USDA/TEFAP (The Emergency Food Assistance Program) argachuuf odeeaffannoos armaan gadii beekuu nu barbaachisa:

- Maqaa jalqabaa fi maqaa akaakayyuu
- Teessoo
- Baay'ina namoota mana keessan keessa jiranii
- Galin ji'aa keessan YKN sagantaa gargaarsaa kamiyyuu kan akka SNAP/food stamps, TANF, fi kkf irratti yoo hirmaattan.

Akkasumas waa'ee sanyii yookan gosa keessanii, akkasumas maqaa fi umurii miseensota mana keessanii ni gaafanna. TEFAP argachuuf gaaffilee kana deebisuun dirqama miti, garuu deebii kennuu akka filattan abdii qabna.

YEROO HUNDA KANA GOCHUUN QABAA?

Lakki. Hubannoowwan Tajaajilaa fayyadamuun odeeaffannoos keessan karaa elektirooniksii akka kuusnuu fi daawwannaa gara fuula duraa saffisaan akka goonu nu dandeessisa.

Odeeaffannoos keessan yeroo yeroon akka mirkaneessitanii fi haaromsitan qofa isin gaafanna.

Gaaffilee yookan yaaddoowan qabduu? limeelii ServiceInsights@capitalareafoodbank.org irratti nuuf ergaa



Together we can solve hunger



DAATAA KEESSAN MIRGA KEESSAN

WAADAA DAATAA CAFB

Isinii odeeefannoo keessan ulfinaa fi kabajaan qabna.

Yoo odeeefannoo keessan kennuu hin barbaanne yookan gaaffii kamiyyuu deebisuun yoo isinitti hin tolle, filannoo sana ni kabajna, waan fedhes ta'u tajaajila isiniif kenuudhaaf waan dandeenyu hunda ni goona. Deebii keessan ni amanuudhan waan fedhes ta'u yeroo hunda tajaajila keenya isa gaarii ni kennina.

Odeeefannoo keessan nageenya isaa eegnee of-eeggannoodhan olkeenya.

Odeeefannoo isin nuuf kennitan hanga humna keenyaatti ni eegna. Odeeefannoo eenyummaa dhuunfaa, dhuunfaa keessan nama neetworkii shariikaa kanaan ala jiru kamiifuu hin qoodnu. Hubannoowwan Tajaajilaa sadarkaa wabii baay'ee ol'aanaa kan qabu yoo ta'u, fayyadamtooni odeeefannoo arguu qaban qofa arguu danda'u. Odeeefannoo haala kanaan waraabun waraqaa irratti waraabuu caalaa baay'ee nageenya qaba.

Odeeefannoo kana tajaajila fooyya'aa isiniif kennuu qofaaf itti fayyadamna.

Odeeefannoo bu'uuraa keessan nuuf kenuudhan, hanga dandeenyetti tajaajila keenya fedhii hawaasaa wajjin akka walsimu akka goonu nu gargaartu. Odeeefannoo kana sochii dhuunfaa keessan hordofuuf yookan tajaajiloota isiniif kennamu daangeessuf hin fayyadamnu. Namni odeeefannoo keessan qaqqabuu danda'u kamiyyuu tajaajila kenname galmeessuuf yookan piroofaayili keessan haaromsuuf qofa akkas godha. Kuusan nyaataa keessanii fi Baankiin Nyaataa haala jiru barbaaduu fi waa'ee hawaasaa caalaatti baruuf gabaasa gaggeessuu ni danda'u, garuu gabaasaaleen odeeefannoo addaa, dhuunfadhaan adda baafamuu danda'u kamiyyuu adda hin baasan.

Gaaffilee yookan yaaddoowan qabduu? limeelii ServiceInsights@capitalareafoodbank.org irratti nuuf ergaa

Together we can solve hunger